# 13. D'ALUTUA MUSATIFI BAQA ISA.

## Bahisa 1 & 2

Ganna 400 eegi Yusufuuni due, maatin Yakoboo guddatte ballatte gumii Israelii jed'aniini. Ammalle worra Ebraniiaa jedhaniini. Jennaani nami d'ibiini ka Yusufu fuula imbeenne hayyuma argate lafa Misiri fide. Inni heddeenna gumii Israeli arginaani, sodaate, akka worra garboomsu malate. Hegeri gumiin Israelii nyaapa woraati kalchite worra dabsatani jedhe guddo sodaate, akka ilma dhiira kha gumii Israelii keesa dhalate chufa ijeesani ajaje. Ammo deesiftuuni Ebraniaa ajaja Faraoo gula deemu dide. Gumiini Ebraniaa durumaati deemte horte lafa qabate, Waaqilleni worra qorqorate.

Maati tokko ta gosa Lawiti ilma d'ale. Aka ilmi kaani mid'aagu agarraani haga jia sadi d'ossani, eege dadu meellaani d'aani fuute waan aka hampetiini qaa ch'ufa duuchite, aka bisaani inseene, tolchite. Duuba gurba keesa keete ilaadu afaani galaanati baatu keesati d'ossite. Miriamuuni ta oboleti daaima, isa ira hanqo ejite waan isa tolchani laalte.

Jennaani intalti Farao bisaani d'iqachu galaana d'ufte, ka hojattuuni isii afaani galaana dedeemtu. Ato teete bisaani d'iqattu, dadu ilaadu keesa bisaani gubbaa teetu garte hojattu isii ergite, Fuud'i jetteeni. Bante jennaani daima bohu jiru keesati agarte naateefi akka daaima isitiifi fudhate maqa Musa jette baafte.

Jennaani oboleetiini daima kaani d'ufte waan intala Faraotiini jette, "Deeme qabdu daima nad'eeni Ebrania keesa sii barbaade ho?" Intalti Farao waan jetteeni, "Ee, beeni." Duuba isiini deemte haad'a daima kaani d'alte yaamte. Intalti Farao waan isiini jette, "Daima kana fuud'i, duuba anini waan si male sii kenna." Tanaafi niitiini taani daima fuute guddifte. Eegi suni daimi guddannaani isiini intala Faraotiini d'ufte, duuba isiini ilma tolfatte waan ufiini jette. Akanaani Musani mana hayyuu Misirii keesati guddate.

Musani guddate jennaani guyya toko gara gosa isaa d'aqe. Namicha gosa Misiri toko ka tae nama gosa isaa ka Ebrania d'aanu arge. Jennaani mirga bitaa millate, namu ufi bira d'amnaani namicha gosa Misiri kaani ijeese maansa keesati awaale. Oduun tan beekamte jenanni Musani lafa haLutui baqate. Ammo Waaqi gaargala gumiini isa kees jirtu arge, kakhu Abrahamuufi Isaaqofi Yakoboo kakhate qaabate.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Me nuti himi, guyyaan atin jireenna kanke keesati qarqaarsa fala rakko teeti d'abde jira? Kara kamiin Waaqi si qarqaare?

**ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.**

**HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-**

**Waan WAAQA irra maan baranna?**

- **Oduun tunini jabeenna Waaqa irra maan himti? ((Inni jabeena chufayu inqaba, inni waan chufayu harka qaba, inni gudda waan chufa moohatu)**
    - Musa kha inni daaima qorqorate, akka hayyichi injeemne, yokhaan akka bisaan hinfud'anne, ammalle akka bineensi hinyaanne.
    - Waaqi guddo yaadate akka gumi isa garbumma jala baasu. Musa gosa Lawi keesa filate akkananaani yaada suni jalqabe.
    - Waaqati intala Farao qajeelche akka isiini deemte bisaan d'iqatu, hojjuma daimi bisaan gubba jiru suni, akanaani Musa baase.
    - Waaqati akka intalti Farao Musa qorqoratu tolche, ato isiin akka daimi ijoole Israelii beettu.
    - Waaqati Musa mana Farao keesati guddise, akka inni egeri Faraoni wolwolaanu dandau.
    - Waaqati Musa barnoota dansa kesati guddise, akkasuma ammalle akka haati isa, isa guddiftu tolche akka gosa ufi ta Israeli indeene.
    - Waaqati Musa lafa aLutui erge akka inni egeri dandae gumi Waaqa lafa sun keesa qajeelchu.

- **Oduun tunini akka Waaqi waan ch'ufa beekhu irra maan himti? ammalle akka Waaqi fula ch'ufa jiru irra maan himti?**
    - Waaqi imbeekhe akka kara Musaatini gumi isa baasu, ammalle inni akka Musa baasulle imbeekhe.
    - Waaqi yaada intala Faraotifi akka isiin saati suni deemte bisaan d'iqatu imbeekhe.
    - Waaqi akka daimi sunini kha adda imbeekhe, ammalle akka qorqortiifi barnooti dansaan isaa male imbeekhe.
    - Waaqi akka Musani lafa aloo kees tauu male imbeekhe, akka imaltu bahiisa keesati gumi Waaqa qajeelchu.

- **Oduun tunini maanin akka Waaqi qulquloo garsiifti? (Kha dhugaa, qajeela, kha seera kennu, kha chubbu jibbu, kha gati daba duisani gaafatu)**
    - Waaqati saati malteeti Musa waaqefanna waaqota Misirii jala baase.
    - Waaqi akka gumiin isa gumii Israeliitini gargari baatu fed'e.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**

- o Inni maati Musa akka worri daima qorqoratu qarqaare, ato gara galana ingeesinu.
- o Inni intal Farao qajeelche akka isiini daima suni injeesine, qorqorate guddifte, ato akka inni ilme Israeli tau beetu.
- o Waaqi Musa tisse qorqorate eegi inni namicha Misirii ijeese.

- **Oduun maanin dhugeefatamumma Waaqa garsiifti? (akka inni hinjijiiramne, akka inni kakhu isa jabeessu, akka inni jecha isa guutu.**
    - o Inni Israeli gosa guddo tolche.
    - o Durumaati deeme kakhu isa ta gumi isa garbumma Misirii jala baasu guute. Inni duraanu Abrahamuufi Yakobolle kakhate akka gumi isa eegi ganna d'ibba afuri garbumma jala baasu.
    - o Inni kha d'ugeefatame, gumii Israeli inqorqorate ato Faraoni seera jajabaan worra garbomsellee.
    - o Inni garbummaalle keesati kakhu Abrahamuu gale guute sanyi isa heddeesse.

**<u>Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?</u>**

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**
    - o Gaargalalle keesati Waaqi Israeliifi Musa qorqorate tisse.
- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**
    - o Worri Misirii guddo gumii Israeliiti dabe, gaargalche, ilmaan woraalle fit'e.
    - o Musani dallansu isaatini nama ijeese, d'okhate.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?**
    - o Maatin Musa isa baasu iti gamte, dandeetin worra haga muumee inqarqaarre. Waaqati kara worraa bane.
    - o Musani namicha Misirii kha jara Israeli gaargalchu arginaan ijeese, akka akanaani gumi isa qarqaaru. Akki inni irre isaatin iti game sunini, woma himbaane.
    - o Gumiin garbumma jala jirtu guddo qarqaarsa d'abde gaargalte.

**<u>Waan BAAFAMA maan baranna? (Akkamiin nami gara Waaqati d'ufa?)</u>**

- Baafami harka Waaqa ch'alla kees jira, waan nami ufbaasu hindandeennef. Nami yaada Waaqa guldeeme baafama argata.
- Haati Musaa akka fed'iin Waaqa taatu, marro daima isiitifi Waaqa abdate.

**<u>Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu Malani</u>:**

- Maantu bara arra keesati garboole nu tolcha? Oduu tan keessa nu maan baranna akka dandeenne qarqaaramnu?
- Deessiftuun Israeli ajaja hayyuu indidani? Guyyaan seera ch'absuun yokhaan durdeema ango qabu nu ajajamuufi diduun keenna waan qajeeltu taatu, iti deebie ind'ufa?

**<u>Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti):</u>** (Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- **Rakkon atin jireenna kanke keesati qabdu kha Waaqi qarqaarsafi sii feesisu tokollen jirti? Akka gumii garbumma Misirii jala jirtu atin t'uruura keesati ufi arguu jirta? Oduun tunini kara kamiin dandeette si qarqaarti?** Kara kamiini oduun tunini akka Waaqi haala kanke, kha amma kees bauu jirtulle, beekhe ammalle si qarqaaru siti himti?